

Dhiibbaa Hawaasummaa Dubartootarra Ga'u Qoosaa Oromoo Maccaa Keessatti**Tewoodroos Addunyaa¹, Birihaanuu Baqqalaa², Fiqaaduu Qana'aa³**¹Yunivarsiitii Wallaggaatti Dhaabbata Qorannoo Afaaniifi Gaazexeessummaatti Kaadhimamaa
E-mail: tewodros540@gmail.com²Yunivarsiitii Wallaggaatti Muummee Ogbarruufi Afaan Ingiliziitti, Itoophiyaa
E-mail: berhanub22@gmail.com³Yunivarsiitii Arsii Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Itoophiyaa
E-mail: fekadukenea@gmail.com**AXAREERAA**

Hawaasni dhimmoota garagaraa dhaloota itti aanuutti kofalchiisaa karaa ittiin dabarfatu keessaa tokko qoosaadha. Dhimmoota nama kofalchiisaa fedhiifì ilaalcha hawaasaa calaqqisiisan keessaa tokko dhiibbaa hawaasummaa dubartoota irratti taasifamudha. Qorannoон kunis mataduree “Dhiibbaa Hawaasummaa Dubartootaarra Ga'u Qoosaa Oromoo Maccaa Keessatti” jedhu irratti gaggeeffame. Kaayyoon qorannichaa dhiibbaa hawaasummaa dubartootaa irra ga'u qoosaa Oromoo Maccaa keessatti calaqqisu xiinxaluudha. Qorataan qorannicha yeroo gaggeessu paradaayimii ijaarsaa fayyadame. Saxaxni qorannichaa sanyaabsa ta'ee gosti qorannoо akkamtaadha. Ragaalee qorannchaaf barbaachisan madda ragaa tokkoffaafi lammaffaarraa sassaabaman. Iddattootni qorannichaa godinoota Oromoo Maccaa keessatti argaman keessaa mala iddatteessuu kaayyeffataafi darbaa dabarsaatiin filatamani. Odeeffannooleen daawwanna, afgaaffii, marii garee xiyyeefatamaafi sakatta'a dookimantiin guuramani. Ragaaleen guuraman erga qindeeffamanii booda mala xiinxala ergaatiin xiinxalaman. Yaadiddama qorannichi bu'uureffatee adeemsifame yaadiddama feminiizimiiti. Xiinxala taasisame irraa argannoон qorannichaan bira ga'ames: dhiibbaa hinheerumiin turuun dhufuu, durbummaa dhabuun miidhaan garagraa irra ga'uufi fedhii isaanii akka hinibsanne daangeffamuufaadha. Dhiibbaan akkasii toftaa dhiironni olaantummaa isaanii dubartoota irra tursiisuufi ittiin hamlee buusuuf fayyadaman waan ta'eef warreen mirga dubartootaaf falman hubannoo kennuu irratti bal'inaan utuu hirmaatan gaarii ta'a.

Jechoota Ijoo: qoosaa, dubartoota, dhiibbaa hawaasummaa

SEENSA

Qoosaaf hiika dhaabbataafi hundi irratti waliif galu kenuun ulfaataadha. Sababiin isaa, qoosaan dhimmoota walxaxoo ta'an miira, yaadsammuu, namummaafi hawaasummaa ofkeessatti kan hammatu ta'uu isaati (McCreaddie & Wiggins, 2008). Dabalataan, qoosaan hiika dhaabbataa akka hinqabaanne kanneen taasisan: (a) qorattoonni dirree ogummaa isaanii waliin walqabsiisuun hiikuufi quoduu yaaluu, (b) qoosaan addunyaa dhugaa keessa utuu hintaane sammuu namaa keessa jiraachuu, (c) hiikniifi ramaddiin isaa nama dhuunafaa irratti hundaa'uu, (d) jechoonni qoosaa bakka buufamanii ittiin ibsaman danachuufi dhaaba dhabuu, (e) gosoota qoosaa murteessanii ibsuu dadhabamuufi (f) aadaa hawaasaa irratti hundaa isaati (Plaster, 2016; Attardo, 2001).

Ta'us, qoosaan damee afoolaa keessaa tokko ta'ee wanta nama kofalchiisaa yookaan seeqisaa ergaa dabarsudha (Martin, 2007; Eshete, 2008). Qoosaan bifaa garagaraan kan dhiyaatuufi muuxannoo hawaasaa irraa kan adda hinbaane, barreessaa beekamaa kan hinqabneefi dhalootaa dhalootatti kan daddarbuufi humna nama kofalchiisuu danda'u kan qabu, damee afoolaati (Hetzron, 1991). Qoosaan itti yaadamee yookaan utuu itti hinyaadamiin (tasa) uumamee nama gammachiisuu, dinqisiisuufi kofalchiisuu humna cimaa qaba. Haalli itti dhiyaatee nama kofalchiisus: dubbatamuun (seenessa, waliin dubbii, sirba, afwalaloo, himtokkee, arrabsoofi kanneen kana fakkaatan) yookaan haala hindubbatamneen (gochaan, ibsa qaamaan yookaan fakkiidhaan) keessaa ta'uu mala (Alharthi, 2016; Plester, 2016).

Qoosaan faayidaalee garagaraa qaba. Faayidaa isaa keessaa tokko dhimmoota dubartootaan walqabatee irratti ilaalcha hawaasni qabu calaqqisiisuudha (Laineste, et al, 2012). Qoosaaleen dubartoota xiyyeffachuuun yeroo qoosaman bal'inaan mul'atu. Qoosaaleen qoosaman keessaa 90% kanneen ta'a dubartoota ilaallachuuun yoo qoosaman, 10% immoo dhiirota xiyyeffachuuun qoosamu (Cendra, Truitami & Bram, 2019). Kaayyoon kanaa ifa ta'ee ibsamuu baatus, dhiibbaa bulchiinsa Sirna Akkoo keessatti dubartoonni dhiirota irraan geessisa Muluchen (2021) turan irraa kan ka'e akka isaan aangootti hindeebineef yaadamee kan tajaajilu fakkaata. Ta'us, hawaasni ilaalcha dubartootaaf qabu qoosaatti fayyadamuun ibsata.

Hawaasummaan adeemsa dhuma hinqabneedha (Arnett, 2014). Kana jechuun, hawaasummaan waan yeroo murtaa'e keessatti dhuunfatamu utuu hintaane adeemsa umrii guutuudha. Irra caalaa yeroo daa'imummaafi dargaggummaatti sochii qabaatus gara umrii giddu galeessaafi dullumattis guddinni isaa itti fufa. Umrii daa'imummaa keessaa yeroon gara jalqabaafi gara giddugaleessaa hawaasummaa keessatti yeroo baay'ee murteessaadha (Hoominfar, 2019). Keessumaa daa'imman hariiroo namoota waliin qaban yookaan dandeettii quunnamitii isaanii kan dagaagfatan yeroo daa'imummaa jedhamee sababa amanamuuf yeroon kun guddina sanaaf baay'ee murteessaadha (Hoominfar, 2019). Ta'us, hawaasummaan waan yeroo murtaa'e keessatti dhuunfatamu utuu hintaane adeemsa umrii guutuudha (Smetana, et al. 2014). Namni umriifi sadarkaa jirenyaa kamirra jiru hawaasummaa keessatti hirmaachuu danda'a (Leaper & Farkas, 2014). Kanaafuu, hawaasummaan umurii nama dhuunfaa kamuu keessatti nimul'ata.

Adeemsi hawaasummaa jaarmiyaalee garagaraan ijaarama. Jaarmiyaaleen ijoo hawaasummaa ijaaruu keessatti gumaachan maatii, mana barumsaafi barnoota, hiriyaafi sabahimaaleedha (Grusec & Daavidov, 2014; Bukowski, et al. 2016). Kanaafuu, hawaasummaan uumamaan kan jiru utuu hintaane hawaasaan kan ijaaramedha. Qorannoowwan akka agarsiisanitti hawaasa baay'ee keessatti hawaasummaa dubartootaafi dhiirota gidduutti utuu hindhalatiin irraa eegalee calaqqisa. Keessumaa biyyoota guddatan keessatti daa'imman gadameessa haadhaa keessa yeroo jiranitti akkaataan itti simatan garaagarummaa qaba. Akkaataa simannaan sanneen keessaa tokko kutaa daa'imman keessatti kununfamaniiifi meeshaaleen taphaaf tajaajilan bifaa garaagaraan qophaa'u. Daa'ima dhiiraafi dubaraaf uffanni bitamee qophaa'uus addadha (Leaper & Farkas,

2014). Kana jechuun, dhiibbaan hawaasummaa koornayee irratti taasisamu daa'imman gadameessa haadhaa keessa yeroo jiran irraa eegala.

Dhiironniifi dubartoonni amalaafi duudhaa adda addaa barachuun hawaasummaan koornayeffamu. Kana jechuun, hawaasummaan koornayeffamuun safuu, amala, sonaafi dandeettii hawaasa keessatti dhiira yookaan dubara ta'uun nama ga'oomsu ciminaan dhalootatti dabarsuufi hojjechuu danda'uudha (Lawson, et al. 2015). Namni tokko hawaasa keessatti fudhatama argachuuf safuufi sona hawaasichi dhiirotaafi dubartootaaf quode hordofuu qaba. Hawaasummaan koornayeffamuun irra jireessaan umrii daa'imummaafi dargaggummaatti kan baratamudha. Daa'imman wanta dhiironni yookaan dubartoonni raawwatan ilaaluun yookaan dhaggeeffachuu baratu. Isa baratan kana jirenya isaanii keessatti hojiirra oolchuun hawaasa sana keessatti fudhatama argatu (Hoominfar, 2019). Walumaagalatti, hawaasummaan kornayeffamuun adeemsa dhiironniifi dubartoonni sona, amala, duudhaafi sansakkaa hawaasicha keessatti isaaniif quodame amaleeffachuu fi guddifachuun eenyummaa isaanii calaqqisiisuudha (Dietz, 1998). Adeemsi kun bakka tokkotti kan dhaabatu utuu hintaane waan umrii guutuudha.

Kanuma bu'uura taasifachuun, qorataan qoosaa Oromoo Maccaa keessatti dhiibbaan hawaasummaa dubartootarra ga'u maal akka fakkaatu qoratee jira. Qorannoo kana gaggeessuuf yaadoleen qorataaf ka'umsa ta'an keessa kan jalqabaa afoolota keessaa dubartootaan walqabatee qorannooleen hojjetaman hedduun jiru. Isaanis: makmaaksa keessatti: Ayehu & Lenin (2019); Dereje (2019), Oduu durii keessatti: Tadesse (2019); Ashenafi & Sena (2017), oduun duriifi makmaaksa Berhanu (2015). Qorannoolee kanneen keessatti dhiibbaan hawaasummaa dubartoota irra ga'u wanti ibsame hinjiru. Sababni lammataa, qoosaa Oromoo irratti qorannoobal'inaan gaggeeffame dhibuudha. Keessumaa, qorannoolee dhiibbaa hawaasummaa dubartootaarra ga'u qoosaalee keessatti calaqqisu xiyyeeffachuu gaggeeffaman hinmul'atan. Kanaafuu, qorataan qabxiilee kanneen ka'umsa taasifachuun qorannoo isaa gaggeessee jira.

MALLEEN QORANNICHAA

Qorannichi kallattii ilaalchaa yookaan paradaayimii ijaarsaan gaggeeffame. Sababni isaa, akka ilaalcha paradaayimii kanaatti dhugaan dhaabbataa miti. Hawaasa irratti hundaa'ee jijiiramuufi ijaaramuu danda'a. Qorannoo kana keessatis dhugaaleen ijaaramaniifi ijaaramanii jiran hawaasa kana xiyyeeffatu. Kanaafuu, hawaasa kanaan ala yoo ba'aniifi ija biraan yoo ilaalamani hiika biraa argachuu danda'u. Saxaxni qorannichaa sanyaabsa ta'ee gosti qorannichaa akkamtaadha. Sababni sanyaabsa ta'eef, qorataan dirree qorannoo keessatti hawaasa waliin jiraachuun qoosaalee haala garagaraan qoosaman sassabba. Ragaaleen qorannichaaf barbaachisan irra caalaan isaanii kan argaman madda ragaa tokkoffaarraa yommuu ta'an, madda lammaffaa irraas kanneen fudhataman jiru. Madda ragaa tokkoffaarraa warreen fudhataman hawaasa aanaalee akka iddattootti filataman keessaa ta'ee yeroo isaan hojji daboo hojjetaniifi dhimmoota hawaasummaa mariiyatan argamuun daawwachaa, afgaaffis gaafachaa yoo ta'u, dabalataan, marii garee xiyyeeffatamaaf

gareewwan ijaaruun odeeffannoon walitti qabame. Madda ragaa lammaffaa irraa wantoota maxxanfamaniifi hinmaxxanfamne, akkasumas, miidiyaalee hawaasaa garagaraa irraas walitti qabamee jira.

Iddattootni qorannichaaf filataman godinoota Oromooni Maccaa keessatti argaman keessaa (Horroo Guduruu Wallaggaa, Wallagga Bahaa, Buunnoo Beddelleefi Iluu Abbaa Boor) filatamanii jiru. Godinoota kanneen keessaa aanaan Amuruu, Guutoo Giddaa, Beddelleefi Mattuu naannoo odeeffannoon irraa funaanamedha. Aanaa kana keessatti daawwannaan gandoota baadiyyaa aanaalee tokko tokko adeemsisamee jira. Akkasumas, afgaaffiin tokko tokkoo aanaalee irraa namoota lama lamaaf taasisamee jira. Marii garee xiyyeffatamaas garee miseensota saddeet qabaniin gandoota tokko tokko sanneen keessatti gaggeefffamee jira. Dabalataan, odeeffannoolee barbaachisoo jechuun qorataan itti amane sakattaa dookimantiin filatamanii jiru. Kana keessatti malli iddatteessuu qorataan dhimma itti ba'es kaayeffataafi darbaa dabarsaadha. Iddateessuu kaayeffataatiin bakkeewwan ragaaleen irraa sassaabaman, madden ragaa lammaffaa hojii kanaaf tajaajilaniifi odefkennitootni (marii gareefi daawwanna) filatamanii jiru. Mala iddatteessuu darbaa dabarsaatiinis odefkennitoota afgaaffii irratti hirmaachuuf odeeffanno qorataan barbaadu warra beekantu filatame.

Malleen funaansa ragaalee qorannichaa daawwanna hirmaachisaa, marii garee xiyyeffatamaa, afgaaffii gamisaan caaseffamaafi sakattaa dookimantiidha. Daawwaannaan akka tooftaa ijootti dhimma itti ba'amee jira. Daawwannaan kun kan adeemsisame yeroo hojii hojjetaniifi marii hawaasaa gaggeessanidha. Qorataan isaan waliin hojicha keessatti hirmaachaa quoosalee quoosaman walitti qabatee jira. Akkasumas, marii hawaasummaa yeroo gaggeessan marii isaanii keessatti hirmaachuun odeeffanno sassaabbate. Qorataan daawwanna isaa keessatti waantoota ifa isAAF hintanerratti hubannoo /ragaa dabalataa itti barbaadu argachuuf, akkasumas, ilaalcha, fedhii, hubannoo isaanii baruuf afgaaffii gamisaan caaseffamaan odeeffanno sassaabbate. Akkasumas, ragaaleen dabalataa marii garee xiyyeffatamaan sassaabbatee jira. Marii garee sana keessatti gaaffilee mariif ta'an dhiyeessuu, hirmaattonni daangaa barbaadameen ala akka hinbaane to'achuufi yaadolee ifa hintaane caalaatti akka ibsan haala mijeessee jira. Dabalataan, odeeffannoowwan qorannichaaf barbaachisoo ta'an sakatta'a dookimantii fayyadamuun walitti qabatee jira.

Odeeffannoowwan odefkennitoota irraa sagalee, suursagaleefi barreeffamaan funaanaman jalqaba gara barreeffamatti jijiiramani. Odeeffannoowwan gara barreeffamaattii jijiiruuf mala jijiirraa gulaallii (edited transcription) fayyadame. Sababni isaas, odeeffannoodefkennitootaa kennaman keessaa kanneen qorannichaaf barbaachisan filatamanii gara barreeffamaatti jijiiramani. Adeemsa kana keessatti jalqaba jijiirraan odeeffanno mala jijiirraa irra keessaan (rough transcription) erga gaggeefffamee booda mala jijiirraa liixaan (fine transcription) xumurame.

Qorataan odeeffannoowwan gara barreeffamaatti erga jijiiree booda arganno barbaade bira ga'uuf adeemsa garagaraa keessa darbe. Kunis, odeeffanno walitti qabame xiinxaluuf akka

tolutti qindeesse; odeeffannoo qindaa'e dubbisuun hubannoo uume; koodii kenne; ijoowwan uume; ijoowwan kana akka barbaachisummaa isaaniitti bal'isuun walitti fide; achiin booda ijoowwan adda baase. Koodii kennamerratti hundaa'uun ijoowwan akka barbaachisummaa isaaniitti kan walitti dhufuu qaban walitti fidee yaadiddamoota waliin deemanifi sakatta'a barruu waliin walbira qabee xiinxalee jira. Odeeffannoowwan madda ragaa tokkoffaafi lammaffaa irraa argaman hunda isaanii xiinxaluun ulfaataa sababa ta'eef mala iddatteessuu kaayyeffataatti fayyadamuun kanneen qorataan itti amanee gaaffilee qorannichaa deebisuu danda'an qofa filachuun xiinxalli barbaachisaan gaggeeffame. Xiinxalli gaggeeffames mala xiinxala ergaatiini. Qorannicha yaadiddama feminiizimii bu'uureffatee adeemsisame.

XIINXALAAFI HIIKA RAGAALEE

Dhiibbaa Hawaasummaa Dubartotarra Ga'u

Hawaasummaan dubartoota irratti dhiibbaa garagaraa uuma. Dhiibbaawwan kunneen jirenya hawaasummaa isaan jiraatan keessatti ofitti amanamummaafi bilisa ta'anii akka hinjiraanne taasisa. Dhiibbaan kun mirga isaan uumamaafi seeraan qaban sarbee ilaalcha hawaasni itti fe'een akka dhiibaman taasisa. Dhiibbaaleen hawaasummaa dubartoota irra ga'an kunneen dhiibbaa hinheerumiin turuun dhufu, durbummaa dhabuun miidhaan irra ga'uufi fedhii isaanii akka hinibsanne daangeffamuun walqabatee dhufudha.

Dhiibbaa Hinheerumiin Turuu

Dubartooni sababoota garagaraa irraa kan ka'e utuu hinheerumiin turuu danda'u. Hawaasni utuu hinheerumiin turuu dubartootaa irraa kan ka'e haala garagaraan dhiibbaa yeroo irraan geessisu mul'ata. Dhiibbaaleen kunneen qoosaa Oromoo Maccaa keessatti haala armaan gadiin calaqqisa.

Intala tokkotu turte. Hinheerumiin waggaa dheeraa waan taateef haftuu jedhamteetti. Guyyaa tokko waa bitachuuf kaatee gabaa dhaqxee. Namni Araggaa Joodee jedhamu haraqee dhugee machaa'eera. Sana booda isheetti siiqee "intala?" jedha. Isheenis "oo" jetti. Innis "dhaabadhumee?" jedha. Dhaabathee jennaan dhunguu max itti godheera. Isheenis "Raajiidha! Ijoollee, har'a raajiitu ta'e" jetteetti. "Maali?" jennaan. Isheenis "Maal kun? Ergan dhaladhee namni harma koo qabee hinbeeku. Qolee kooras kaawwatee hinbeekuu. Kanuman arge" jetteetti. Jennaani "tole" jedhaniiru. Galgala gallaan Saggii (maqaa biyyaati) Xalayaan dhufee jira. Amma egaa kaadhimaan dambii guutee dhuse. Gaafa dhufuu "yaaluloo koo" jette. "Aa" jennaan. "Kaleessa Waaqayyo iddoobiraa hindhaqne; mana koo bule" jette. "Maaliif" jennaan? "Araggaa Joodeewoo na dhungateera; gara Saggii kanaasoo na dubbateera. Dhibee maaltu jiraree?" jette. (Madda: Abbaatuu Xaalboo)

Dhiibbaan hawaasummaa dubara qoosaa kana keessa jirtu irra ga'e sababa hinheerumiin turuu isheettiin ilaalcha irra turedha. Hinheerumiin turuun ishee haftuu jedhamtee akka hubatantu

taasisee jira. Haftuu jechuun dubara utuu hinheerumiin yeroo dheeraaf mana turte jechuudha. Teshome (2013) dubartiin tokko sababoota garagaraa irraa ka'uun haftuu jedhamuu dandeessi. Sababoonti kunneen: bifa, akkaata isheen hawaasa keessatti itti jiraattu, jirenya maatii isheefi kaamettummaa (nyaata hojjechuu) isheedha. Akka ilaalcha hawaasaatti dubarri tokko yeroo dheeraaf utuu hinheerumiin mana turte taanaan haftuu jedhamti. Qoosaa olii keessatti dhiibbaan hawaasummaa hinheerumiin turuun walqabatee intalarra ga'uutu mul'ata. Intalli kun erga dhalattee namni harma ishee qabee beeku hinjiru. Akkasumallee, dhiirri harka isaa qolee isheerra kaawwates hinargamne. Kana jechuun immoo, hiriyyaa jaalalaa hinqabdu jechuudha. Hiriyyaa jaalalaa hinqabdu taanaan hawaasa keessaa dhiibamteetti jechuudha. Dhiibamuu ishee kan agarsiisu keessaa “Araggaa Joodeesoo na dhungatee jiraa; gara Saggiisoo na dubbatee jira; dhibee maaltu jiraree!” yaada jedhudha.

Araggaa Joodee namni jedhamu ishee jaallatee waan dhungate itti fakkaata. Hawwiifi fedhii qabdu irraan kan ka'e waan ishee jaalate seete. Garuu, inni araqee dhugee machaa'eetu ishee dhungate. Dhugee machaa'ee ishee dhungachuun isaayyuu dhiibbaa hawaasni irraan ga'e keessaa tokkodha. Kunis, dubartiin haftuun abbaa argiteen dhungatamtus namni maaf dhungatamte jedhee dheekkamu hinjiru. Sababni isaa, kaadhimaa yookaan hiriyyaa jaalalaa hinqabdu. Kanarraa kan ka'e yeroo inni dhungatu diduu hindandeenye. Isheenis asitti yaadichaan qabamuu agarsiisa. Namni hiriyyaa jaalalaa hinqabne hawaasa keessatti kan tuffatamu ta'uu hubannoo qabdi. Kanarraa kan ka'e yeroo Araggaa Joodee dhungatu callifte.

Yaadni biroon qoosaa kana irraa hubatamu, guyyaa tokkotti waan lama isheef argamuun akka milkaa'ina guddaatti ilaalamee jira. Araggaa Joodee nidhungate malee homaa hingoone; hinjennes. Inni gara Saggiid dhufe immoo murtoo iyyuu hinarganne. Garuu, dhiibbaan hawaasummaan irra ga'aa ture jalaa ba'uuf qofa “dhibee maaltu jiraree egaa” jette. Dhiibbaan jirenya hawaasummaa waan hinqabatamne tokko baafatanii akka odeeoffatan nama taasisa. Warri duraan haftuu jechaa turan kana booda harmi ishee qaqqabamee jira. Qolee isheerras dhiirri harka kaa'ateera. Araggaa Joodee ‘max’ godhee dhungatee jira. Saggiitiis kaadhimaa dhufeera jechuun maqaa duraan itti moggaasan akka irraa kaasan ishee gargaara. Kanaaf, bakka hiriyyaan ishee geesse gahaa akka jirtu ibsattee jirti. Kanaafuu, hinheerumiin turuun irraa kan ka'e dubartoonni hawaasa keessatti dhiibbaan akka irra ga'u hubachuun nidanda'ama.

Dhiibbaa Durbummaa Dhabuu

Dhiibbaa hawaasummaan qoosaa keessaan dubartoota irra ga'u keessaa kan biraan dhiibbaa durbummaa dhabuu walqabatee dhufudha. Hawaasa keessatti dubartoonni sababoota garagaraa irraa kan ka'e durbummaa dhabuu malu. Hawaasni dubartoonni durbummaa dhabuu isaanii qoosaadhaan qabuun dhiibbaan garagaraa irraan geessisu. Dhiibbaaleen kunneen daldala saalquunnamtiitti bobba'uu, biyyaa baduufi hanga lubbuun of ajjeesuutti deemuu dana'a. Qoosaan armaan gadiis dubartii yeroo dheeraaf hinheerumiin turtee durbummaa hinqabdu jedhamtee hamamatmuun walqabatee qoosame agarsiisa.

Intala tokkotu turte. Durba miti jedhanii ishee hamatu. Isheen immoo kan fakkaattu fakkaatti (bareedduu jechuudha). Intalli kun durbummaa hinqabdu jedhanii ishee hamataa turani. Gaafa kaan fiudhee gale, kaadhimichi. Innis oduu sana quifee ishee ajjeesuuf kutatee jira. Gaafa dhaqu isa barbadaa fakkaatu baatti, isheenoo. Deemee xas goonaan “ela gurbaa ani durba; sittan sirba; isa jedhan miti” jette. (Madda: Fayyisaa Amansiis)

Qorannooleen adda addaa akka agarsiisanitti uumama lafa kanarra jiru keessaa durbummaa kan qabu dhala namsaa qofa. Dhala namsaa keessaayyuu dubartootadha. Yaada kana Hegazy & Al-Rukban (2012, F. 110) “human female is the only primate member to possess a hymen” jechuun ibsu. Kana jechuun, dubartootaan ala uumamni kamuu durbummaa kan jedhamu hinqaban. Durbummaan hawaasa Oromoo biratti bakka olaanaa qaba. Hawaasa Oromoo Maccaa biratti dubartiin tokko gaa’elaan dura dhiira waliin saalquunnamtii raawwachuun fafa. Dubartiin tokko durbummaa qabaachuun ishee saalquunnamtii akka hinraawwanne agarsiisa. Durbummaa dhabuun ishee immoo saalquunnamtii raawwachuun isheef ragaa ta’uu hawaasni amanee fudhata. Yaada kana Mishori, et al. (2019) “the presence or absence of hymenal tissue can be used to determine if a girl or woman has ever had sexual intercourse” jechuun ibsu. Kanaaf, durbi hawaasa keessatti durbummaa qabaachuun isheetiin kabajamti; dhabuu isheetiin immoo dhiibamti.

Durbi durbummaa ishee eeggattee heerumtu maqaa qarree jedhamuun waamamti. Durbi qarreen sagalee ol kaastee hindubbattu; daddaftee hinadeemu; qofaa laga deemtee qoraan hinfunaantu, bishaanis hinwaraabdu, gabaa hindeemu (Lamu, 2019). Gochoota kanneen raawwatte yoo argamte ofolee jedhamti. Durbummaa ishee mana abbaa isheeti yoo gattellee guyyaa gaa’ela ishee sana reebamti. Achiin booda harree irra kaa’amtee gara warra isheeti deebifamti. Kun isheefis ta’u maatiifi firoottan isheef salphina guddaadha. Hawaasa Arabaa biratti miidhaan isaa kanarra caala. Hegazy & Al-Rukban (2012) Aaadaa Arabootaatti dubartiin halkan cidhaa ishee durba taatee hinargamne maatii ishee irratti salphina guddaa fida. Obbolaa isheetiin, adeerota isheetiin yookaan abbaa isheetiinillee ajjeefamuu dandeessi. Kanaanis qaanii isheefi maatii ishee irratti dhufe qulqulleessuu dandeessi. Ajjeechaa akkanaa seeraan alaa ta’us, aadaan gosaa gocha kana bu’uura godhate baay’ee cimaa waan ta’cef namoonni yakka kana raawwatan himannaa jalaa miliqu. Akkasumas, abbaan warraallee idaayyittii ajjeesuu danda’a. Aadaa akkanaa keessatti ragaan aadaa durbummaa halkan cidhaa dhiigni mul’achuun dirqamadha.

Durbummaan hawaasa keessatti bakka olaanaa qaba. Dubartiin tokko durbummaa qabaachuun ishee kan ittiin mul’atummoo dhiigaani (Mishori, et al. 2019). Guyyaa heerumte sana galgala abbaan manaa haadha manaa isaa bira ga’uun booda dhiiga shaashii adii irratti argamuun ishee, miinzoleefi maatii isheef ulfina guddaadha. Jiraachuun dhiigaa kun hidhata cimaa abbaa manaafi haadha manaa gidduutti uuma jedhamee amanama (Lamu, 2019). Intalli heerumtee dhufte durbummaa qabaachuun ishee yoo mirkanaa’e gurbaan qawwee dhukaasuun gammachuu isaa ibsa. Dhiigni durbummaa sanaa shaashii adiitiin maatiifi keessimmoota guyyaa cidhaaf akka ragaatti agarsiifama. Kun durbummaan Uummata biratti gatii guddaa qabaachuun isaaf agarsiistuu guddaadha.

Qoosaa olii keessatti dubartiin jirtu dhiibbaa gama hawaasaan irratti taasisamu hundaa dandamattee guyyaa heeruma ishee geesse. Oduufi hamii hawaasa keessaa waa'ee ishee dubbatamu hundaaf gurra hinkennine. Eenyummaa ishee eeggattee guyyaa gaa'ela ishee sana oduun odeeffamaa ture dhugaa akka hintaane abbaa manaa isheetti agarsiifte. Qoosaan gadii keessattis durbummaa malee yoo heeruman rakkoon irra ga'uu akka malu jiraachuu yaaddoo jiru hubachuun nidanda'ama.

Yeroo tokko mucayyoo wayiitu kaadhimamtee heerumuuf qophoofti ture. Osoo qophooftuu gurbaan Gulummaa jedhamu "Mee durbummaa kee naa kenni? Gaafa heerumtun sii deebisa," jechuun kadhachuu eegale. Mucittiin nididde. Innis irra deebiin "dhugaa si hindhowwadhu. Siifin deebisa" jedhee mookse. Guyyaa hedduu akkasitti deddeebi'ee mooksuun durbummaa ishee fudhate. Oolee bulee guyyaan cidhaa gaafa ga'u, mucittiin gurbaa sanaan "naaf deebisi?" jettee gaafatte. Inni jalaa dhokachuu eegale. Gaafa isheen irra deddeebiin gaafattu boolla qotatee achi keessa dhokate. Guyyaan cidhaas oolee bulee gahe. Hamaamonnis intala fudhachuuuf dhufan. Mucayyoon gurbaa barbaaddee dhabdee gaafa cidhaa sirba fakkeessitee "Gulummaa haati deesse, kunookaa baati geessee," jettee gurbicha ittiin waamte. Gulummaan immoo boolla qotate keessa taa'ee "kan Gulummaa manni eela, kan fuudhe galchuu dhiisii, kan hafeyyuu nan kajeela" jedhe ammas mookse. (Madda: Aagituu Gunjee).

Qoosaa kana keessatti hawaasni durbummaaf bakka olaanaa kan kenu ta'uu hubachuun nidanda'ama. Yaada kanaaf ragaa jalqabaa gurbaan mucayoo sossobee irraa fudhachuu isaati. Kan lammataa immoo, guyyaa heerumaa sana yaada isheen bifaa sirbaa fakkeessitee dubbattedha. Innis "Gulummaa haati deessee, kunookaa baati geessee" yaada jedhudha. Akka yaada kanaatti durbummaa malee heerumuuk akka hindandeeny; yoo heerumte immoo rakkoon akka irra ga'uu danda'u yaaddoo qabdu dubbatti. Kanaafuu, durbummaa malee heerumuun hawaasa keessatti gatii nama dhabsiisa ilaalcha jedhutu hawaasicha keessatti calaqqisa.

Dubartoonni durbummaa isaanii eeggachuuun oduu isaan irratti odeeffamu dandamat anakkuma jiran kanneen durbummaa dhabanii dhiibbaa dhufu mormanii ija jabinaan jirenya isaanii gaggeeffatan jiru. Qoosaan armaan gadii keessatti yaadni kun nicalaqqisa.

Inni tokkos fuudhee gale. Fuudhee galee [caagulaa] ishee kaa'ee waamicha gashataa oolee bira ga'iitii dhaqe. Dhaqnaan dallaan (durbummaan hinjiru jechuudha) qullaadha. Mana warra isaa bulee, ganama ka'ee miijjota isheettiin "intala kana narraa gashaa! Intala naamusa hinqabne natti fiddanii" jedheera. Miinjoliin isaas "carraa keet fide malee maal sitti fidna. Gaangee nuuf fidi. Gaangee yaabsifnee fiingee afuufaa akka fidnetti gaangeedhaan gashina" jedhani. Innis "salphoon akkasii harreetiin galti" jedhe. Innis harree wadala fidee kooraa malee balbala dhaabe. Miinjonni yaabsisanii fudhatanii qajeelani. Adeemaa utuu jiranii nama guddaan karaarraa saawwan tiksutti dhufan. Jaarsichis "maal intala koo rakkoo maaltu si argatee? Kaleessoo gaangeefi fiingeen deemta. Har'ammo maal taateet kan harree yaabbattein?" jedhe. Isheenis "Obboo ilma abbaafi haati hinabboomnetti heerumeen maqaatii bade malee ofii kootii

waanin balleesse hinqabu” jetteetti. Jaarsichis “kanumaa natti himikaa hindarbiin?” jedhe. Isheenis “xinnoo badeef ana gasha; qodaan koo inni hafe biyya gasha” jette.

Jaarsichis akkuma achi ga’een “warra kanaa?” jedhe. Abbaan mucaa “oo” jedhe. Jaarsichis “keessummaa rabbi na ooshadhaa”. Abbaan Mucaa “manni kan Waaqaati oolaa” jedhee yeroo gadi buhu intalli harree yaabbattee boquu ishee haqaaqxee teessi. Miinjonni lamaan duraafi teellaa dhaabatu. Jaarsichis “intala namaa kaleessa fiddanii har’aa harreerra keessanii kan gashitani? Kan badet caalaa; kan jirutu caala malee. Lakkisaa! Hoodadhaa!” jedhe. Abbaan mucaa isaatti galagalee “gurbaa?” jedhe. Mucaanis “oo” jedheera. Abbaan “manatti gashi!” jedhe. Miinjonni ishee harree irraa buusan. Innimmoo manatti deebi’ee [moqorqoraatti] daadhii guutee minjaala irra dhaqatee balbalarra dhaabe. “Waan balleessite qabdi. Nama mana kana keessa jiru hundumaaf tokko buuftee erga waliin geessee booda seenti” jedhe. Isheenis “nan buusa” jette. Balee ishee mudhiitti marattee buusuutti kaate. Yeroo buuftus “dhugaa! Abbootiin koos, warri abbiyyuu koo taatanis, waarsonni koos dhugaa. Ilmi namaa daadhii buusi nama jedha. Intalli namaa daadhii namaa buufti. Silumaa kanaafin dhufe. Waarsonni koommoo teellaa waa na gaafachuun keessan hiinhafu dhugaa isinis. Ani jira” jette. (Madda: Abbaatuu Xaalboo)

Qoosaan kana keessatti intalli mul’attu durbummaa hinqabdu. Dubarri tokko heerumtee durbummaa hinqabdu taanaan harreerra kaa’aniiti warra isheetti gashu. Akka aadaatti safuu hawaasni irraa eeguu qabu waan hineegneef gara warra isheetti harree irra kaa’ee galchuuf erge. Karaa irratti jaarsa ishee gaafateef deebiin isheen deebiste hidhaa safuu hawaasaa sana kan cabsudha. Kunis, “xinnoo badeef ana galchaa, qodaan koo inni hafe biyya galcha” yaada jedhudha. Durbummaan sababa garagaraan baduu danda’aa. Saalquunnamtii raawwachuu, ispoortii yookaan hojji humnaa olii hojjechuu, ba’aa ulfaataa baachuu, xuxxuqaa yeroo dheeraa, meeshaalee qara qaban irratti kufuu, wantoota garagaraa nafsaalatti seensisun (quba, meeshaa saalquunnamtii namtolchee, biskileeta oofuu, baqaqsanii hodhuufi kanneen kana fakkaatan (Hegazy, & Al-Rukban, 2012).

Intalli kunis utuu beektuu yookaan hinbeekiin sababoota kanneen keessaa tokkoon durbummaa ishee dhabdeetti. Dhiibbaan kun jirenya isheen ijaaruuf deemtu irratti rakkoo akka hinuumne of amansiftee jirti. Kanaafuu, durbummaa yeroo muraasa keessatti badduuf jirenya fuula duraa dhiisun gaarii akka hintaane jaarsatti himte. Dhiibbaa hawaasummaa cabsuuf wanta isheen taasifte kana qofaa miti. Kan biraan, adabbii gama hawaasaan itti murtaa’e saalfiifi soda tokko malee fudhatte. Balee ishee mudhiitti hidhachuun nama waamicha dhufuef booka buuste. Namoota waamicha waamamanii dhufan keessaa warra jifuu guutan (abbiyyuu, amaatii, waarsolii, maanguddootaafi kanneen abbaa manaa ishee waliin hidhata firoomaa qaban) hunda kabajuun booka buuste. Gaaffii akka aadaatti isaan booda ishee gaafachuu danda’an deebisuuf yookaan waan isaan ajajan hojjechuuf qophii ta’uu ishee waadaa galte. Dubartiin kun dhiibbaa hawaasicha keessa jiru cabsuun jirenya fuulduraaf aarsaa of taasiste.

Dhiibbaa Yaada Bilisaan Ibsachuu Dhabuu

Dhiibbaa biraan dubartootarra gama hawaasummaan ga'u keessaa yaada isaanii bilisaan ibsachuu dhabuudha. Yaada itti dhaga'ame ibsachuu yookaan wanta barbaadan gaafatanii argachuu irratti hawaasummaan dhiibbaa guddaa geessisee jira. Qoosaa Oromoo Maccaa keessattis yaadni kun nimul'ata.

Gurbaa tokkoofi intala tokkotu utuu karaa deemanii walitti dhufan. Intallis "gurbaa munnee maaf na hinbunne?" jetti. Innis, "saree harma dalfaa, galeen warra gaaffa" jedhee deebise. Bulanii walitti dhufan. Intallis, "gurbattii areeda gaayyaa, maal jette dubbii kaleessa guyyaa?" jette. Innis, "Himimsituu akka gaangoo, natti hinfidiin jedhe abbaan koo" jedhe (Madda: Abdiisaa Liiban).

Dhiibbaan hawaasummaa qoosaa kana keessatti calaqqise sababii yaada ishee ibsatteef maqaa itti moggaafamedha. Maqaan moggaafameef kun "himimsituu akka gaangoo" kan jedhudha. Kanarrraa wanti hubatamu, dubartoonni fedhii heerumuun amma fedhe qabaatanis fedhii gurbaa malee raawwatamuun kan hindandeenye ta'uu isaadha. Sanarra darbe, jechoota hamilee isaanii cabsu fayyadamuun akka isaan hawaasa keessatti mataa gadi qabatanii adeeman taasisu. Dhiibbaan haala kanaan gaggeeffamu jiruufi jirenya isaanii kanneen biroo keessatti ofitti amanamummaan akka hinjiraanneefi hirmaannaa dhiirotaan qixa ta'e akka hintaasifne taasisa.

Qoosaa kanarrraa akka hubatamitti dubartoonni hawaasa keessatti dhiira barbaadan gaafatanii itti heerumuun hindanda'ani. Warraaqsa feministootaa keessaa tokko qabsoo kana irratti taasifamu deeggaruudha. Keessumaa sochiin warraaqsa feminiizimii lammaffaa jaarmiyaa dubartoota of dandeessisee sochoosu ijaaruu keessatti sochii taasisaa turaniin gaaffilee dubartoonni abbaa barbaadan gaafatanii itti heerumuun kaasaa turan. Kana jechuun, isaanisakkuma dhiironni dubartoota barbaadan gaafatanii fuudhuuf yaalan, dubartoonnis dhiirota jaallatan filatanii gaafachuun itti heerumuun; yoo barbaadan immoo filataniiakkuma dhiiraa fuudhuu qabu yaada jedhu leellisaa turan. Qoosaa kana keessattis dubartiin mul'atu gurbaa barbaadde kanatti heerumuuf yaada ishee dhiyeeffatti. Garuu, deebiin isaa dhiibbaa safuu hawaasaan taasisamaa tureefi jiru bu'uureffateeti.

Hawaasa keessatti dubartiin dhiira gaafattee jaallachuun yookaan itti heerumuun safuudha jedhamee amanama. Dubarti gochaa akka kanaa raawwattutti immoo maqaa garagaraa moggaasu. Maqaa isaan itti moggaasan keessaa kan isaan mucayyoo kanaan jedhan tokkodha. Innis "imimsituu akka gaangoo" kan jedhudha. Dubartiin dhiira gaafattu imimsituu jedhamtee waamamti. Dhiibbaan kun dubartoonni dhiira barbaadan gaafataniifi filatanii akka itti hinheerumne dhorka. Gurbaanis kanaaf ishee fuudhuu akka hindandeenye amanuun waan warri isaa ittiin jedhan amanee fudhata. Kanaafuu, dhiibbaan hawaasummaa qoosaa kana keessaa dubartootarratti nimul'ata. Qoosaan biraan dhiibbaa hawaasummaa yaada ofii ibsachuu dhabuun agarsiisu kan araan gadiiti.

Haadha manaafi abbaa manaatu waliin jiraatu turani. Haati manaa abbaa manaa irraa mufii qabdi. Sababiin isaa, abbaan manaa ishee waliin saalquunnamtii utuu hingodhiin yeroo dheeraa

turee jira. Guyyaa hedduu baastee ibsachuufis ta'ee, waa ittiin jechuuf sodaachaa akkatti ibsattu dhabdee dhiistei. Guyyaa tokko galgala teessee asheetii waaddi. Akkuma waaddee xumurteen asheetii bakka lamatti cabsitee mucaa isheetti kennitee “isa gara mataa ati nyaadhu, abbaan kee immoo hudduu isaa haanyaatu!” jette (Madda: Ahimad Kamaal).

Qoosaa kana keessattis dubartiin mul'attu yaada fedhii qabdu ibsachuu irratti rakkattee jirti. Kanarraa kan ka'e, yeroo dheeraadhaaf dharraa saalquunnamtii qabdu ukkaamsuun jiraataa terte. Haala mijataa yeroo argattutti garuu komee abbaa manaa isheerra qabdu habalakaan itti dubbatte. Dhiibbaan akkasii kun hawaasa keessatti bal'inaan mul'achuu isaa qoosaa olii irraas mul'atee jira. Kanaafuu, dubartoonni fedhii isaanii, keessumaa, kan saalquunnamtiin walqabatu akka hinibsanneef hawaasummaan dhiibbaa guddaa irraan geessisa.

GOOLABA

Qorannoo kana keessatti dhiibbaa hawaasummaa dubartootarra ga'u qoosaa Oromoo Maccaa keessatti calaqqisutu odeeffannoo sassaabame bu'uureffachuu xiinxalame. Xiinxala taasisameenis argannooleen armaan gadii bira ga'amani jiru. Argannoolee sanneen keessaa kan jalqabaa, dhiibbaa hawaasummaa dubartoota hinheerumiin turanirra ga'udha. Xiinxala ragaalee taasisame irraa akka hubatametti dubartoonni hinheerumiin yoo turan maqaa 'haftuu' jedhu itti moggaasuun hiriyyoota isaanii keessatti boquu buusanii akka adeeman taasifamu. Argannoon lammaffaa, ilaalcha dubarri heerumte tokko durbummaa dhabuun irratti fe'amudha. Akka ilaalcha kanaatti dubarri tokko heerumtee durbummaa dhabnaan hawaasicha keessatti maqaa 'ofolee' jedhu itti moggaasuun hamilee buusu. Sanaan walqabatee gochaa cigaasisaa irratti raawwatu: harreerra kaa'anii warratti deebisuu, hamaamotaafi warra waamicha dhufaniif daadhii yookaan farsoo buusisuuffi kanneen biroo raawwachuun dhiibbaa hawaasummaa irraan ga'u. Argannoon biraan qorannichaan bira ga'ame, dhiibbaa hawaasummaa fedhii ofii akka hinibsanne dhorkuufi yoo ibsatan maqaalee 'akka dhabeettii, gaara haaddatte' itti moggaasuu. Dubartoonni dhiira barbaadanitti heerumuun dhorkamuufi ilaalcha dubartiin jajamuun hinqabdu jedhudha. Dhiibbaaleen akkasii kunneen hawaasa keessatti bal'inaan nicalaqqisu. Miseensonni hawaasaa (daa'imman irraa eegalee hanga maanguddootaatti kanneen jiran) gochaalee akka kanaa raawwachuun ulaagaa hawaasummaa guutuu isaanii mirkaneessu. Kana jechuun, warri dhiirotaa ilaalcha dhiirotaaf kennname sana raawwatu; warreen dubartootaas wanta dubartootaaf qoodame sana raawwatu.

Dhiibbaaleen olitti qorannichaan bira ga'aman hundi isaanii meeshaa diironni olaantummaa isaanii ittiin agarsiisuuf fayyadaman ta'uu leellistoonni feminiizimii ibsu. Akka isaaniitti, addunyaan kun addunyaa olaantummaa dhiirotaan dhuunfatamte sababa ta'eef, dubartoota akka namaatti hinilaalan. Ilaalchi akkasii baroota dheeraaf dubartoota bittaa dhiirotaa jalatti kufanii akka jiraatan taasise. Haata'u garuu, dubartoonni akkuma dhiirotaa wanta isaan hojjetan, irratti hirmaatan, yaadan, fedhan, dubbataniifi kanneen kana fakkaatan mara gochuu danda'u yaada jedhuun warraaqsa feminiizimii gaggeessaa turan. Sochii taasisaniinis bu'aalee hedduu argamsiisuun ilaalchonni duraan turan akka hir'ataniif shoora mataa isaanii ba'anii jiru. Sochii isaan taasisan keessatti dubartoonni yeroo barbaadanitti abbaa barbaadanitti heerumuun, yeroo

barbaadan dahuu, hojii mana keessaa qofatti daangeffamuurraa gara hojiilee oomishtummaa irratti hirmaachuu, ilaalchi durbummaan walqabatee ture cabuufi kanneen biroo bu'aa argamedha.

WABIILEE

- Alharthi, A. (2016). *Challenges and Strategies of Subtitling Humour: A Case Study of the American Sitcom Seinfeld, with Particular Reference to English and Arabic.* (Unpublished PhD Dissertation). University of Salford, Salford, UK.
- Arnett, J. (2014). Socialization in Emerging Adulthood: from the Family to the Wider World, from Socialization to Selfsocialization. In: Grusec, J. & Hastings, P. (eds). *Handbook of socialization. Theory and Research.* (2nd edn). Guilford Publications, New York, pp 85–109. Retrieved from <https://ebookcentral.proquest.com>
- Ashenafi Belay & Sena Gonfa (2017). Symbolic Representation of Nature and Women in Oromo Oral Narratives. *International Journal of Sciences: Basic and Applied Research (IJSBAR).* Volume 36, No 1, pp130-153.
- Attardo, S. (2001). Humour and Irony in Interaction: From mode adaptation to failure of detection. In L. Ariolli, R. Cicero & G. Riva, (eds.). Say not to say: New perspectives on Communication. IOS Press. pp. 165-185.
- Ayehu Bacha & Lenin Kuto (2019). Women and Men in Arsi Oromo Proverbs: An Implication for Gender Equality. *Kafa'ah Journal.* 9 (1), pp 74-86.
- Berhanu Bekele (2015). *Gender Roles and the Society's Perception of Women in Macha Oromo Verbal Arts: A Feminist Approach.* (Unpublished PhD Dissertation). Addis Ababa: Addis Ababa University.
- Bukowski, W., Castellanos, M., Vitaro, F. & Brendgen, M. (2016/ 2014) Socialization and Experiences with Peers. In: Grusec, J. & Hastings, P. (eds). *Handbook of Socialization. Theory and Research.* (2nd edn). Guilford Publications, pp 228–251. Retrieved from <https://ebookcentral.proquest.com>
- Cendra, N., Truitami, D. & Bram, B. (2019). Gender stereotypes depicted in online sexist jokes. *European Journal of Humour Research* 7 (2) 44–66 www.europeanjournalofhumour.org
- Dereje Haile (2019). A Thematic Analyses on the Oromara Discourse as Reflected in Gender Related Proverbs. *International Journal of Current Research.* Vol. 11, Issue, 10, pp.7618-7626.
- Dietz, T. (1998). An Examination of Violence and Gender Role Portrayals in Video Games: Implications for Gender Socialization and Aggressive Behavior. *Sex Roles.* 38(5):425–442. <https://doi.org/10.1023/a:1018709905920>
- Eshete Gemedu. (2008). *African Society and the Egalitarian Values: Oromo Folklore Literature and Cultural Studies in a Contemporary Context.* (Unpublished PhD Dissertation). Syddansk Universitet: Institute for Littatur, Kultur OG Medier.
- Grusec, J. & Davidov, M. (2014). Analyzing Socialization from a Domain Specific Perspective. In: Grusec, J. & Hastings, P. (eds). *Handbook of Socialization. Theory and Research.* (2nd edn). Guilford Publications, New York, pp 158–182. Retrieved from <https://ebookcentral.proquest.com>
- Hegazy, A. & Al-Rukban, M. (2012). Hymen: facts and conceptions. *The Health* 3(4): 109-115.

- Hetzron, R. (1991). On the structure of punch lines: Humor. *International Journal of Humor Research.* 4 (1), 61-108.
- Hoominfar, E. (2019). *Gender Socialization.* Utah State University, Logan, UT, USA.
- Lamu Dinsa (2019). “*A History of Guuto Gidda Warada, East Wallagga Zone, 1941-1991*”. (Unpublished MA Thesis). Addis Ababa: Addis Ababa University.
- Laineste, L. (2012). Women in Estonian Jokes. In Dorota B., Wladislav C. (eds.) *Estonia and Poland: Creativity and Change in Cultural Communication*, 1, Tartu: EKM Teaduskirjastus, pp 23–42.
- Lawson, K., Crouter, A. & McHale, S. (2015). Links between Family Gender Socialization Experiences in Childhood and Gendered Occupational Attainment in Young Adulthood. *J Vocat Behav.* 90:26–35. <https://doi.org/10.1016/j.jvb.2015.07.003>
- Leaper, C. & Farkas, T. (2014). The Socialization of Gender During Childhood and Adolescence. In: Grusec, J. & Hastings, P. (eds) *Handbook of Socialization. Theory and Research.* (2nd edn). Guilford Publications, New York, pp 541–566. Retrieved from <https://ebookcentral.proquest.com>
- Martin, R. (2007). *The psychology of humor: an integrative approach.* Oxford: Elsevier Academic Press.
- McCraeaddie, M. fi Wiggins, S. (2008). The purpose and function of humour in healthcare and nursing: A narrative review. *Journal of Advanced Nursing.* 61, 584-595.
- Mishori, R. Ferdowsian, H. Naimer, K. Volpellier, M. and McHale, T. (2019). The little tissue that couldn't dispelling myths about the Hymen's role in determining sexual history and assault. *Mishori et al. Reproductive Health.* <https://doi.org/10.1186/s12978-019-0731-8>.
- Muluken Kassahun (2021). *Gadaa System and Women’s Rights: The Role of Oromo Women’s Customary Institutions in Ensuring the Protection of Rights of Women.* (Unpublished PhD Dissertation). Addis Ababa: Addis Ababa University.
- Plester, B. (2016). *The Complexity of Workplace Humour: Laughter, Jokers and the Dark Side of Humour.* Switzerland: Springer International Publishing.
- Smetana, J. Robinson, J. & Rote, W. (2014). Socialization in Adolescence. In: Grusec, J. & Hastings, P. (eds). *Handbook of Socialization. Theory and research.* (2nd edn). Guilford Publications, New York, pp 6–85. Retrieved from <https://ebookcentral.proquest.com>
- Tadesse Jaleta (2019). Contesting Images of Womanhood: The Narrative Construction of Gender Relations in Ethiopia. *African Studies Quarterly.* 18 (3).
- Teshome Tafesse (2013). Environmental Beliefs and Values in Borana Oromo: A focus on Narratives. *International Conference on Oceanography & Natural Disasters.* <http://dx.doi.org/10.4172/2155-9910.S1.004>